



# Partners in Wellbeing



**Namoota tokko tokkoof, dhibbaa xinsammuu, hawaasummaa fi diinagdee weerara dhibee koronaavaayirasii (COVID-19), fayyaa sammuu isaanii irratti dhiibbaa guddaa qabu. Namoonni hedduunis gabaasaa miidiyaan kan yeroo hunda jiru haala yeroo ilaalchisee odeeffannoo wal dhahaatin dhiphachuu fi miira humna isaani ol kan ta'e dhagaahammaaf.**

Miira keessa galuun uumama, kan akka dhiphina, cinqii, sodaa, yookiin miira abdi kutachuu namatti dhagahamu. Miirawwan kun yeroo dhiphinaa fi erga dhiphina mudatanii booda akka weerara COVID-19 fi babal'inaa issa dhaabuuf daangaa kaa'ammee baramaa'dha. Miirawwan kana dhagahaamuun yeroo hunda dogoggora jechuu miti.

Haa ta'u malee, yoo dandamachuu baattan yookiin dhiphina, sodaa yookiin gadda torbanoota hedduuf yoo isinitti dhagahaamme, gargaarsi karaa Tajaajila Michootni Fayyummaa (*Partners in Wellbeing*) ni argama.

Tajaajilli bilisaa kun deeggarsa tokko-tokkoon akka isin fayyummaa keessan fooyyeffattu, dandamachuuf tooftaalee akka guddistan isin gargaara, deeggarsaa miiras yeroo fi akka isin barbaaddutti ni dhiheessa.



Nuti Maamiltoota Aadaa lafa nuti irratti hojjenu fi kabaja keenya kan angafoota darban, kan amma fi kan futta'aa beekamtii keenninna.

Deggarsa fayya sammu fi fayyummaa keessanif yeroo dhukkuba daddarbaa Koronaavaayirasii fi Sana Booda

## Rakkoon maal akka ta'e waliin murteessa

Leenjisa Fayyummaa waliin hojjechudhaan, waan dhiphina kee ykn cinqii kee ibsu fi yaada, miira fi muxanno keessan karaa ifa ta'een akka wubbattu si gargaara. Haasawni waa'ee miira humna keessan ol kan ta'e, nageenya akka hin qabne, ykn yaaddo yoo issiniti dhaga'ame murtoo malee dhuunfadhaan haasa'uuf bakka nagaa siif ta'a.

## Wantoota too'annoo jala oolcha

Kara leenjiitiin fi gorsa qabatamaan, Leenjisa Fayyummaan kee isin dhiphina fi sodaa kee akka tu'atu fi fayyummaa fi cimina keessan akka fooyyessitan isin gargaara.

## Jirenya waliin itti fufa

Namoota jireenya kee keessatti jiran, tajaajiloota gargaarsaa fi qabeenyoota kan biro adda baafattee yeroo cinqiitti akka fayyadamtu isin gargaarra. Yoo barbaachise, Leenjisaan Fayyummaan tajaajila gargaarsa biroo hawaasa naannoo keessanii waliin akka qunnamtan isin gargaara.

## Walitti qabamu keesan itti fufa

Gargaarsaa miira, deeggarsaa qabatamaa isinif dhiheesuf fi tooftaalee adda addaa itti fayyadamtanii dhiphina fi sodaa keessan akka to'atan fi, fayyummaa keessan akka fooyyessitan isin waliin qunnamu keenya itti fufna.

## Waa'ee COVID-19 caalaatti baradhaa

Dhorkaawwan fi gorsi akka haala COVID-19 jijjiramu waan danda'uuf, Leenjisaan Fayyummaa keessan waa'ee COVID-19 fi dhorkaawwan amma hawaasa keessan keessa jiran odeeffannoo ammee fi sirrii ta'e isinif dhiheessu danda'a.

## Gargaarsa dabalataa namoota dhimma fayyaa sammu waliin jiraataniif fi kunuunsitootaaf

Namoonni dhimma fayya sammu waliin jiratan fi kunuunsitoota isani yeroo kana kessatti dhiphina dabalata dandamachuuf, wal qabatani turu yookin fayyummaa to'achuuf jabaa wanta ta'uf bayye miidhaaf saaxilamaa ta'u dandda'u.



Nuti namoota seenaa dudduuba hunda, saalota, karaawwan saalaa, aadaa, qaamaa fi dandeetti ni kabajna, gatii keenninaa fi ni hammanna.

## Ulaagaa

Tajaajilaa kanaaf ulaagaa gutuuf, 16 yookiin isaa ol ta'uu qabdan akkasumas:

- muxannoon dhiphina jireenyaa guddaa akkasumas dandamachuuf tooftaaleen keessan hojjachaa hin jirani
- mallattoo dhiphinaa fi/yookiin cinqii torbanoota muraasaa ol kan ture, kan akka:
  - yaada gadi aanaa, jachuun miira gadda
  - miira humna ol kan ta'e fi nageenya akka hin qabne
  - humna dhabu
  - miira abdi kutannaa
  - sodaa, yaadaa ykn cinqamuu
  - haala hawwaasummaa irraa of qusachuu
  - yaadonni of-miidhu yookiin namoota biroof miidhu.
- tajaajila gargaarsa sammu fayyaa hawaasaa ammayyaawaa ta'e fayyadamaa hin jiran.

Namoota jaallatamaniif kunuunsa kennuu malees, kunuunsitootni rakko kana karaa isaanitin dabarsuu danda'u.

## Jalqaba ykn nama beektan erga

Michootni Fayyummaa (*Partners in Wellbeing*) naannoo keessan jiru **1300 375 330** irratti bilbiluun jijjiirama fiduu eegaluuf qunnamaa.

Nama beektan tokko yoo ergu barbaaddan, kana dura isaan waliin mari'attani heeyyamma isaani qabaachuu qabdan.

Namoota akka LGBTQIA+, akka aadaa gara garaa qabanii, akka namoota Aborijiinaal ykn Torrees strayit Ayslaandar, akka loltota soorama bahaan fi akka namoota mana hin qabne adda baafatan gara keenya akka dabrfaman ni jajjabeessina.

## Waa'ee Michootni Fayyummaa (Partners in Wellbeing)

Michootni Fayyummaa (*Partners in Wellbeing*) mootumma Viiktoriyaan malaqaan deggarama EACH, Neami National fi Dhaabbata tajaajiloota haawaasaa Awustraaliya (Australian Community Services Organisation (ACSO)) dhan Viiktoriyaa gutu keessa gegefama jira.



## Michootni Fayyummaa (Partners in Wellbeing) qunnamaa

Michootni Fayyummaa (*Partners in Wellbeing*) EACH, Neami National fi ACSO dhan Viiktoriyaa gutu keessa gegefama jira. Odeffanno dabalataf yookin nama beektan erguuf, tajaajila naannoo kessan jiru qunnamaa.

Bilbila:  
**1300 375 330**

**Kaaba, lixaa, keessa, kibbaa**  
**Neami National**

Imeeyilii:  
[partnersinwellbeing@neaminational.org.au](mailto:partnersinwellbeing@neaminational.org.au)

**Kibba-baha, baha**  
**EACH**

Imeeyilii:  
[partnersinwellbeing@each.com.au](mailto:partnersinwellbeing@each.com.au)

**Nanno'o**  
**ACSO**

Imeeyilii:  
[partnersinwellbeing@acso.org.au](mailto:partnersinwellbeing@acso.org.au)

Odeeffannoo dabalataaf [www.partnersinwellbeing.org.au](http://www.partnersinwellbeing.org.au) daawwadha